# ERGAA PHAAWULOOS GARA TIITOOTTI ERGE

1 Phaawuloos isa amantii[a] warra Waaqaaf filatamanii fi beekumsa dhugaa kan gara nama Waaqaa ta'uutti nama geessuuf garbicha Waaqayyootii fi ergamaa Yesuus Kiristoosi ta'e irraa;
[2]amantii fi beekkumsi kun abdii jireenna barabaraa isa Waaqni hin sobne sun jalqaba addunyaatiin dura waadaa[b] seene irratti kan hundeeffamee[c] dha. [3]Innis yommuu yeroon murteeffame sun gayetti karaa lallaba ajaja fayyisaa keenna Waaqayyootiin imaanaa natti kennameetiin dubbii isaa ifatti baaseera.

[4]Gara Tiitoo isa karaa amantii tokkummaan qabnuutiin ilma kiyya kan dhugaa ta'eetti;

Waaqa Abbaa fi Fayyisaa keenya Kiristoos Yesuus irraa ayyaannii fi nageenni siif haa ta'u.

### Itti Gaafatama Tiitootti Kenname

[5]Sababiin ani Qarxeesitti si hambiseef akka ati waan hojjatamuutti jiru toora qabsiiftuu fi akkuma ani si ajajettis magaalota[d] mara keessatti jaarsota waldaa Kiristaanaa muudduuf ture.
[6]Jaarsi waldaa kiristaanaa tokko nama hirdhinna hin qabne, dhiirsa niitii tokkittii, nama ijoolleen isaa amananii jireenya gaddhiisiitiifi[e] ajajamuu diduun maqaan isaanii hinbadin ta'uu qaba. [7]Ephisqophoosiin[f] waldaa kiristaanaa tokko sababii hujiini waaqaa imaanaa isatti kennameef inni nama hirdhinna hinqabne ta'uu qaba malee kan uf tuulu, kan dafee aaru, kan machaawu, kan namaan loluu fi nama karaa hin malleen bu'aa argachuuf tattaafatu ta'uu hin qabu. [8]Qooda kanaa inni nama keessumaa simatu, nama waan gaarii jaalatu, kan uf-qabu, qajeelaa, qulqulluu fi nama adaba qabu ta'uu qaba.
[9]Innis barsiisa dhugaatiin warra kaan gorsuu, warra barsiisa sanaan morman ammoo akka dogongora isaanii itti himee amansiisuu danda'uuf akkuma barsiifametti dubbii amanamaa sana jabeessee qabachuu qaba.

[10]Finciltoonni[g] baay'een, warri dubbii faayidaa hin qabne dubbatanii fi gowwoomsitoonni keessumattuu miseensonni garee warra gadoomanii[h] hedduuttu jiraatii. [11]Isaan karaa hin malleen bu'aa argachuuf jedhanii waan barsiisuun isaani irra hin jirre barsiisuun waan maatii guutuu

[a]1 ykn *dhugeeffachaa;* [b]2 ykn *kakuu;* [c]2 ykn *yayyabame;* [d]5 ykn *dira;* [e]6 ykn *algalummaatiifi;* [f]7 ykn *tissituu/ toowattuu;* [g]10 ykn *finqiltoonni;* [h]10 ykn *qabaanqabaa qabatanii/dhagna qabatanii*

diiganiif afaan qabachiifamuu qabu. 12Raajota[i] isaanii keessaallee tokko, "warri Qarxees yeroo cufa sobdoota; bineensota hamoo dha; albaadheyii[j] dhibaawoodha[k]" jedheera. 13Dhuga bayiinsi[l] kun dhugaa dha; kanaaf akka isaan amantii dhugaa qabaataniif jabeessiitii isaani seeri. 14Akka isaan oduu Yihuudotaa kan dhugaa hin ta'in yookiin ajaja warra dhugaadhaan mormanii hin hordofneefis jabeessiitii isaan seeri. 15Warra qulqullootaaf wanni hundinuu qulqulluu dha; warra xuraawoo fi warra hin amanneef garuu wanni tokkolleen qulqulluu miti; dhugumaanuu yaanni isaaniitii fi qalbiini isaanii xuraayeera. 16Isaan nu waaqa beenna jedhu; hujii isaaniitiin garuu isa ganu[m]; isaan jibbamoodha; warra hin ajajamnee fi warra waan gaarii tokkoyyuu hojjachuuf hin fayyadnee dha.

**Barsiisa Dhugaa**

2 Ati garuu waan barsiisa dhugaa waliin deemu barsiisi. 2Jaarsota akka isaan amalqabeeyyii, kabajamoo[n] fi warra uf-qaban ta'aniif, akkasumas akka warra amantii[o], jaalalaa fi obsa dhugaa qaban ta'aniif isaan barsiisi.

3Akkasuma immoo jaartoliin akka jireenna isaaniitiin qulqulloota ta'an, akka waan gaariis barsiisan malee akka maqaa namaa hin balleessine yookaan akka dhugaatii daadhii wayinii baayeetiin hin fudhatamne isaan barsiisi. 4Akkasittis jaartoliin kunneen akka dubartoonni[p] umrii dargaggummaa keessa jiran dhiirsota isaaniitii fi ijoollee isaanii jaalatan barsiisuu ni danda'u. 5Akka dubbiini Waaqayyoo hin tuffatamneefis akka isaan ufqaban, akka qulqullaa'an akka hujii mana keessaatiin qabaman, akka arjoota ta'an, akka dhiirsota isaaniitiif ajajaman ni barsiisu.

6Akkasumas dargaggoonni akka uf-qabaniif gorsi. 7Waan mara keessatti waan gaarii hojjachuun fakkeenya isaaniif ta'i; yommuu barsiiftus amanamaa, kabajamaa fi nama akka salphaatti hin ilaalamne ta'i. 8Akka warri siin morman waayee keenna waan hamaa dubbatan tokkollee dhabanii qaana'aniifis dubbii dhugaa kan tuffatamuu hin dandeenye dubbadhu.

9Garboonni waan cufaan akka gooftota isaaniitiif ajajaman, akka isaan gooftota isaanii gammachiisuu yaalan, akka isaan

[i]12 ykn *raagota;* [j]12 ykn *garaadee;* [k]12 ykn *adaayyuu;* [l]13 ykn *dhugeessaan/ragaan;* [m]16 ykn *morman;* [n]2 ykn *warra ulfinna qaban;* [o]2 ykn *dhugeeffachaa;* [p]4 ykn *nadheeni*

waan gooftonni isaanii dubbataniif deebii mormii hin deebifne barsiisi; 10Akka isaan gooftota isaanii jalaa waan tokkollee hin hanne, qooda kanaa akka barsiisni Fayyisaa keenna Waaqaa karaa hundumaan midhaagaa ta'uuf akka isaan amanamummaa guutuu agarsiisan barsiisi.

11Ayyaanni Waaqaa fayyinna nama maraatiif muldhifameeraatii. 12Ayyaanni kunis Waaqaan ala jiraachuu fi hawwii biyya lafaa ganuun bara kana keessa jireenya uf qabiisaa, jireenya qajeelinnaatii fi jireenya nama Waaqaa ta'uu akka jiraannu nu barsiisa. 13Kunis yommuu nu abdii keenna isa eebbifamaa jechuunis muldhachuu ulfinna Waaqa keenna guddichaatii fi Fayyisaa keenna Yesuus Kiristoos eegachaa jirrutti ta'a. 14Kiristoosis hammeenna cufa irraa nu furuu fi saba ufii isaa warra waan gaarii hojjachuuf fedhii guddaa qaban ufiif qulqulleeffachuuf jedhee ufii isaa dabarsee nuu kenneera.

15Waan kana hundumas aangoo[q] guutuun dubbadhu; gorsi; akeekkachiisis. Namni tokkoyyuu si hin tuffatini.

### Waan Gaarii Hojjachuu

3 Atis akka namoonni bulchitootaa fi abbootii aangootiif bitaman, akka ajajamanii fi akka waan gaarii hojjachuuf qophaawoo ta'an yaadachiisi[r]; 2Akka isaan maqaa nama tokkollee hin balleessine, akka lola irraa fagaatan; akka garraamota[s] ta'anii fi akka nama maraaf garaa laafanis yaadachiisi.

3Nu mataan keenyas duri warra waa hin hubanne, warra hin ajajamne, warra gowwoomfamnee fi warra hawwii fooniitii fi gammachuu gosa cufaatiif garboomfamne turre; namootaan jibbamaa fi walis jibbaa, hammeennaa fi hinaaffaan jiraachaa turre. 4Yommuu gaarummaa fi jaalalli fayyisaa keenya Waaqayyoo muldhatetti garuu, 5inni sababii qajeelinna nu hojjanneetiif otoo hin ta'in sababii araara isaatiif jedhee nu fayyise; innis dhiqannaa lammata dhalachuutii fi haaromsuu Hafuura Qulqulluutiin[t] nu fayyise. 6Hafuurri kunis isa waaqni karaa fayyisaa keenna Yesuus Kiristoosiitiin arjummaadhaan nurratti dangalaase sana.

7Kunis akka nu ayyaana isaatiin qajeeltota taanee abdii jireenya barabaraa qabaachuun dhaaltota taanuuf. 8Dubbiini kunis amanamaa dha; warri Waaqatti amanan akka waan gaarii hojjachuuf uf-eegannaan uf-kennan, akka ati cimsitee waan kana dubbattu

[q]15 ykn *jabeenna;* [r]1 ykn *qaabachiisi;* [s]2 ykn *garaatoleeyyii;* [t]5 ykn *ayyaana woyyuutiin*

nan barbaada. Kunis waan akka malee gaarii fi waan nama hundumaa fayyaduu dha.

[9]Ati garuu falmii faayidaa hin qabnee fi hidda dhalootaa lakkaawuu[u] irraa, waayee seeraa irratti wal- mormuu fi wal-loluu irraa fagaadhu; kun waan bu'aa hin qabnee fi waan hin fayyannee dhaatii. [10]Nama gargar bayiinsa fidu tokko yeroo tokko akeekkachiisi; yeroo lammaffaas akeekkachiisi; eegasii immoo isa irraa fagaadhu. [11]Namni akkasii akka micciiramaa fi cubbamaa ta`e atuu beetta; inni nama ufuma isaatti muruudha.

**Gorsa Dhumaa**

[12]Ani waan yeroo gannaa Niqoophoolisitti dabarsuuf murteesseef akkuma ani Arxeemaasin yookiin Tikiiqosin sitti ergeen na bira dhufuuf waan sii danda'amu hundumaa godhi. [13]Zeemaas isa abukkaattoo[v] sanaa fi Aphiloosin imala isaanii irratti gargaaruuf waan sii danda'ame mara godhi; waan isaan barbaachisu mara qabaachuu isaaniillee mirkaneessi. [14]Namoonni keenna akka waan guyyaa guyyaatti isaani barbaachisu hojjatanii argataniif akka jireenna bu'aa hin qabne hin jiraanneef waan gaarii hojjachuuf uf -kennuu barachuu qabu.

[15]Warri na waliin jiran cuftinuu nagaya sii dhaamu; warra karaa amantiitiin[w] nu jaalatanitti nagaya naa himi.

Ayyaanni waaqaa cufa keessan waliin haa ta'u.

[u]9 ykn *heduu;* [v]13 ykn *Nama fuula seeraa duratti namaa falmu;* [w]15 ykn *dhugeeffachaatiin*